# QAACCESSA YOOMESSA KITAABA ASOOSAMA DHEERAA SAFUU IRRATTI KAN XIYYEEFFATE

**MAQAA QORATTUUN: TALIILEE FIQAADUU**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII BACHILARII AARTII**

**AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI QUUNNAMTII**

**GAMISAAN GUTTACHUUF DHIYAATE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA**

**JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII**

**YUUNIVARSITII FINFINNEE**

**FULBAANA 2014/2021**

**FINFINNEE OROMIYAA**

# QAACCESSA YOOMESSA KITAABA ASOOSAMA DHEERAA SAFUU IRRATTI KAN XIYYEEFFATE

**MAQAA QORATTUUN: TALIILEE FIQAADUU**

**GORSAAN: FILEE JAALLATAA(PhD)**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII BACHILARII AARTII**

**AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI QUUNNAMTII**

**GAMISAAN GUTTACHUUF DHIYAATE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA**

**JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII**

**YUUNIVARSITII FINFINNEE**

**FULBAANA 2014/2021**

**FINFINNEE OROMIYAA**

## GALATA

Hunda dura bu'aa ba'ii jireenyaa keessa na dabarsee Sadarkaa kanaan kan na gahee hojii koo kana hojjedhe akkan xumuruuf kan na gargaree Waaqayyoon nan galatteeffadha. Itti aansuun akkaataa qorannoo geggessuu keessatti nuffee osoo hin jedhiin irra deddeebiin kan na sirreessaniifi karaa na qabsiisan gorsaakoo  Filee Jaallataa (PhD) tiif galanni koo guddadha.

Xumura irrattis maatiikoo obbo Fiqaaduu Tamasgeeniifi hadhaakoo aaddee Taabootee Olumaafi hiriyootaakoo  Nagaroo Amsaluufi solomoon,  hanga dhumaatti  wantoota na barbachiisaan naaf guutuun milkaa'ina qorannoo kootiif deegarsaa baajeta naaf godhaan guddaan galateeffadha.

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**

GALATA ........ i

Baafata ........ ii

*Axareeraa* ........ v

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ........ 1

Seenduubee Qorannichaa ........ 1

1.2. Ka'umsa Qorannichaa ........ 3

1.3. Kaayyoo Qorannichaa ........ 5

1.4. Barbachisumma Qorannichaa ........ 6

1.5. Daangaa Qorannichaa ........ 6

1.6 Hanqina Qorannichaa ........ 6

1.7. Ibsa Gabaabaa Asoosamichaa ........ 6

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A OGBARRUU ........ 7

2.1 Yaadirimee Og-barruu ........ 7

2.2 Faayidaa Og-barruu ........ 8

2.3. Gosoota Og-barruu ........ 8

2.4. Yaadirimee Asoosamaa ........ 9

2.5. Faayidaa Asoosamaa ........ 9

2.6. Goroowwan Asoosamaa ........ 9

2.7. Caacculee Asoosamaa ........ 10

2.7.1. Namfakkii ... 10
2.7.2. Jaargocha ... 11
2.7.3. Yoomessa ... 14
2.7.4 Waldiddaa ... 15
2.7.5 Ija ... 17
2.7.6 Ergaa ... 18
2.7.7. Seenaa ... 19
2.7.8. Maalumma Dubbiiwwan Qolaa ... 19
2.8. Maalummaa Yoomessaa ... 19
2.9. Gosoota Yoomessaa ... 20
2.10. Haala Qindaa'ina Yoomessaa Asoosama Safuu ... 20
BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA ... 21
3.1. Saxaxa Qorannichaa ... 21
3.2. Madda Ragaa ... 21
3.3. Iddattoofi Mala Iddatteessuu ... 21
3.3.1. Iddattoo Qorannichaa ... 21
3.3.2. Mala Iddatteessuu Qorannichaa ... 22
3.4. Mala Funaansa Ragaalee ... 22
3.4.1. Sakatta'a Dookimentii ... 22
3.5. Mala qaaccessa Ragaalee ... 22
BOQONNAA AFUR : ODEEFANNOO QAACCESSUUFI HIIKUU ... 23

4.1. Haalota Yoomeessi Ittiin Mul'atan ........ 23
4.1.1. Yoomessa Bakkan Mul'atan ........ 23
4.1.2. Yoomessa yeroon mul'atan ........ 24
4.1.3. Yoomessa Haala Jireenya Hawwaasaa ........ 27
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOO FI YABOO ........ 29
5.1. Cuunfaa ........ 29
5.2 Argannoo ........ 29
5.3 Yaboo ........ 29
Wabiilee ........ 30
Waraqaa Mirkaneeffannoo ........ 31

## Axareeraa

*Qorannoon kun yoomeessa asoosama dheeraa Safuu qaaccessuu irratti kan xiyyeeffateedha. Yoomeessa asoosama kana irratti qorannoo geggeessuuf qorattuu kan kakaaase yoomeessa asoosama biroo irratti qorannoon geggeefamera. Hangan sakatta'etti garuu, yoomeesss asoosama dheeraa Safuu irratti qorannoon geggeeffame waan hin argineef qorannoo geggeessee bifa barreeffamaan ol kaa'uuf nakakka'eera. Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa yoomeessa asoosamichaa qaaccessuudha. Kaayyoon gooree qorannoo kanaa yoomeessa asoosama Safuu keessaa jiran addaa baasuudha. Gosti Qorannoo kanaa gosa qorannoo akkamtaati. Qorannoo kana galmaan ga'uuf malli qorannoo dhimma itti ba'ame mala qorannoo balballoomsaati. Maddi ragaa qorannoon kun ittiin geggeeffame madda ragaa tokkoffaadha. Malli iddatteessuu qorannichaa mala kaayyeffatadha. Malli funaanasa ragaa qorannichaa sakatta'a dokimentiiti. Argannoon Qorannoo kanaan argame immoo gosti yoomeessa asoosama Safuu keessa jiru gosa yoomeessa bakkaf yeroon kan mul'dhatu yoo ta'u haalli qindaa'ina isaa jalqaba, gidduufi xumura kan jedhuudha. Dabalataanis haaxaaleen yoomeessi asoosama kanaa kan ittiin dhihaate addeessuu, ta'uusaa bira ga'ameera. Yaboon qorannoo kanaan ka'ame immoo Asoosamni kun yoomeessa keessaatti yoommuu ilaallu wantoota Sadii ofkeessaa kanqabuudha. Isaanis, yeroo seenaan sun keessatti raawwate, bakka, seenaan ittii raawwatameefi haala hawaasummaa seenaan sun irratti kalaqame fa'a. Kanaafuu haxaalee yoomeessi asoosamni tokko ittiin dhiyaatuuf xiyyeeffanno guddaa osoo kennee gaarii ta'a.*

.

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

Seenduubee Qorannichaa

Ogumni hiikkaawwan addaddaa qaba. Hiikkaawwan baramoo hedduun ogumni barreeffama kalaqsammuu ija asoosamaatiin dhiyaate jedhu. Hiikkaawwan kanneen ammoo hiikkaawwan baramoorratti qeeqa dhiyeessaa hiikkaa haaraa kennuuf yaalu.

Ogumni barreeffama kalaqaa ykn barreeffama argayaadaati yoo jedhame yaanni kun Seenaan, Falaasamniifi Saayinsiin uumamaa hojii mitikalaqaafi hojii miti argayaadaa yaada jedhu kana irratti Dr. Onyekawuchukwufi kanneen biroo (2010) yommuu ibsan, "Perhaps literature is defined not according to whether it is fictional or imaginative; but it uses language in peculiar ways." Yaada kanarraa hubachuun akkuma danda'amutti, ogumni ibsamu kan qabu gama dhugummaatiifi gama argayaadummaatiin osoo hintaane gama afaan haalaafi ogummaa adda ta'een fayyadamuu danda'uusaatiini.

Ogumni amantaa sobaa, xiinsammuu osoo hintaane qindoomina addaa afaaniiti. Ogumni haala tooftawaa addaddaa ta'een haasaa guyyuurraa maqee afaan guyyuu unkaa jijjiiruun, gabaabsuun, micciiruun, fuggiseessuufi dhaadhessuun haala ta'een dhiyeessuudha malee amalli kalaqummaafi argayaadummaa dameewwan beekumsaa kaawwanirraa adda isa hintaasisu. Ogumni damee Ogbarruufi damee Ogafaaniitti kan qoodamu ta'uu isaati.

Ogumaaf hiika nama hunda walii galchisiisu yookiin walfakkaata tahe tokko kennuun rakkisaadha. Sababni isaayyu bektootni garaagaraa akkaataa, muuxannoo jireenya bakkaa, dhiheenyaafi gosa barnoota isaaniin kan kennan waan taheef hiika dhaabbataa tahe kennuu ulfaataadha.  Kana jechuun immoo ogbarruun hiika tokkollee hin qabu jechuu miti.

Gabaabumatti Ogumni Jecha Afaan Ingilizii 'Literature' jedhu kan bakka bu'u ta'ee, hojii barreeffamaa ykn dubbii afaanii jechoota ogummaa addaatiin miidhagsee dhiheessudha. Kunis hojiilee Kanneen akka: Hiibboo, af-walaloo, geerarsa, abaarsa, eebba, mammaaksa, durdurii, taphoota addaa addaa, baacoo, asoosama, weeshoo, walaloofi kanneen kana fakkaatan kan haammatuudha.

Og-barruun dabarsa aadaa uummaatati. Galmee jiruufi jireenya ilmoo nama hubannoo, beekumsafi muuxannoo sadarkaa adda addaa qabaniiti. Yaada kana irratti Asaffaan (2009:20) yoo ibsan, "Og-barruun ogummaa kalaqaa kan waa uumuu ta'ee kan muuxannoo jiruu fi jireenya dhala nama haqa ta'e bu'uureffachuun gabaabsee, miidhagsee barreeffamaan dhalootaa dhalootatti darbuudha"jedha. Yaada kanarraa kan hubannuu og-barruun seenaa jireenya dhala nama keessatti umurii dheeraa kan qabu, waa'ee hawaasaa irratti hunda'ee waan barreeffamuufi hidhata hawaasaa wajjiin qabaachuusaati.

Waa'ee ogarruu Tafarriin (2013:8) yoo ibsu,"Ogbarruun gumbii aadaa, eenyummaa, siyaasaafi dinaagdee hawaasaa tokkooti"jedha. Yaada kanaarra kan hubannu ogbarruun dhimmoota hawaasaa kanneen akka aadaa, eenyummaa, siyaasaafi hawaasummaa hawaasaa ibsuu akka danda'uudha.

Gooroo ogbarruu ilaalchisee Beekaan(2013:8) yoo ibsu,"Uummanni aadaa barreessuu hin qabne afoola yoo qabaatuu; Uummanni aadaa barreessuu qabu ogbarruu barreeffamaa qaba"jedha. Yaada kanarraa kan hubannu gooroon ogbarruu afoolaafi ogbarruu barreeffamaa jedhamuun bakka lamatti qoodamuusaati.

Gosoota og-barruu barreeffamaa keessaa immoo asoosamnii isa tokkodha. Asoosamnis asoosama dheeraafi gabaabaa jedhamuun bakka lamatti qoodama. Asoosama dheeraa Beekaan (2013:17)yoo ibsu,"asoosamni dheeraan seenaa nama tokkoo dhalootaa kaasee hanga du'aatti kan agarsiusuudha jedha. yaada kanarraa hubachuun kan danda'amu, asoosamni dheeraa yaada bal'aa kan of keessa qabu ta'uu isaat. Akkasumaas jireenya uummata addunyarra jiraatani ibsuuf fakkeessee mul'isuuf gahee guddaa kan qabu ta'udha.

Asoosamni caacculee garaagaraa irraa ijaarama. Isaanis; jaargocha, namfakkii, yoomessa, ergaa, ija, waldiddaa fa'i. Qorannoon kunis, caacculee asoosamaa keessaa yoomessa irratti xiyyeeffata. Yoomessi asoosama keessatti bakkaf yeroo gochii tokkoo itti rawwatamee kan ibsuudha. Kanuma bu'uura taasifachuun qorannoo kanaas asoosamoota jiran keessan asoosama mata-dureen isaa "Safuu" jedhuu kan Kumaa Hordofaan bareeffame yoomessa isaa qaaccessuu irratti xiyyeeffata.

Yoomessi seenaa asoosama tokkoo keessatti raawwatame kan ibsu yoota'u, deebii gaaffii yoomii fi eessaa jedhuuti. Bara seenaa, kurmaanawwan waaggaa, torban ji'ootaa, seenduubee hawaas-dinagdee, uumama naannoon tokko ittiin beekkamuun ibsamu**.** Rawwiin ogbarruu tokkoo iddoo itti raawwatameefi yeroo ittii raawatame agarsiisa. Kanaafuu, yoomessi asoosamaa dhugummaafi miidhagina gonfachiisuun dhaamsa barbaaddame dabarsuuf gargaara.

Faayidaafi tooftaaleen dhiyeessa yoomeessa asoosamaa; seenaa asoosama tokkoo keessatti akka dalagame, namfakkiiwwan asoosamichaa eessa akka jiraatan, seenaan isaanii eessatti jalqabee eessatti akka xumurame asoosamichi dhugumaan akka qabaatu taasisa. Barreessitootni tokko tokko bakka seenaan asoosama tokkoo itti dalagame: kallattiin yommuu himan kanneen biroon immoo, alkallattiin asxaa, mallattoo wantoota nannoo sanatti argaman fayyadamuun agarsiisu.

Karaa biroo immoo yeroon seenaa asoosama keessatti itti rawwatamu; bara seenawaa namfakkiiwwan seenichaa keessatti argaman itti jiraatan, bara seenaan asoosamichaa itti dalagame, tibba yookiin waqtiilee seenaan asoosamichaa itti dalagameefi namfakkiiwwan keessa jiraataniifi, kkf hunda ofkeessatti hammata.

Seenaan yeroo alkallattiin ibsamu bara adda baasanii beekuuun dubbistoota rakkisu bara seenawaadha. Bara seenawaa adda baasanii baruudhaaf tooftaalee armaan gadii fayyadamuun gaariidha. Tooftaaleen kunis, barreeffamicha keessatti jireenyi hawaasaa ibsame yookiin ibsamuu akka danda'amu qalbeeffachuu. Namfakkiiwwan asoosamicha keessatti argaman, ilaalchaafi yaada isaan calaqqisiisan, meeshaa isaan itti fayyadaman, akkaataa uffaannaa isaanii, haala jiruufi jireenya isaanii xinxaluudhaan namoota bara kamii akka ta'an adda baasuunidha.

Yoomessi asoosama keessatti bakkaf yeroo gochii tokkoo itti rawwatamee kan ibsuudha. Kanuma bu'uura taasifachuun qorannoo kanaas asoosamoota jiran keessaan asoosama mata-dureen isaa Safuu jedhuu kan Kumaa Hordofaa bareeffamee yoomessa isaan qaaccessa.

## *1.2. Ka'umsa Qorannichaa*

Afaan Oromoo yeroo dhihoo as afaan qo'annoofi qorannoon adda addaa itti gaggeeffamaa jiruufi sadarkaa afaanota kambiroo irra gahan faana hiriiruun erga jalqabebubbuuleera. Kun ammoo, guddinni afaanichaa daran saffisaa deemuu isaa kan agarsiisuudha. Haaluma kanaan, afaan irratti

qorannoowwan garaagaraa bifa garaagaraan gaggeeffamaa jiru. Irracaalaatti ogafaan adda addaa kanneen akka walaloo, mammaaksa, faaruu,aadaawwan garaagaraa irratti kan xiyyeeffate yoo ta'u, amma ani beekutti qorannaan baay'ee ogafaan Oromootiinyoo gaggeeffaman, ogbarruun barreeffamaa Oromoo garuu, xiyeeffannoo waan argate hinfakkaatu. Haaluma kanaan, jiruufi jireenya namaa keessatti afaan dhimmoota hawaasa murteessan keessaa isa tokkoodha.

Dhimmoonni hawaasaa immoo bakkaafi haala garaagaraatiin raawwatu. Kunis, Afaan bakka daldalaa, mana murtii, mana yaalaafi bakkeewwan garaagaraatti, barreeffamoota ogbarruu keessatti, asoosamoota keessatti, dirree siyaasaafi kan kana fakkaatan maqaa dhahuun nidanda'ama. Bakkeewwaniifi haallan afaan keessatti dhimma ittibaanu beekuufi beekuu dhabuun walhubachuufi walqunnamtii irratti dhiibbaa geessisa.

Namoonni hawaasaa keessatti maaliif bifa garaagaraatiin akka dubbatan, afaan tajaajila hawaasummaa akkamii akka kennu, kutaa hawaasa adda addaa biratti ergaa akkamii akka qabu baruuf immoo, gaaffilee bu'uuraa xinqooqa hawaasaa kan ta'an eenyuutu, eessatti, maaliif, haala akkamii keessatti akka dubbatamu beekuun barbaachisaadha.

Ogbarruun Oromoo sadarkaa guddate jedhamu irra kan ga'e akka hin taane Asaffaa Tafarraa (2009) yommuu ibsu" Jalqaba imaammata jaarraa 20ffaa kerssa moitotni Itoophiyaa akka afaanii fi aadaan Oromoo, keessattuu ogbarruun Oromoo boodatti akka hafu taasisaa turaniiru" jedha. Akka barreeffama yaada kanaatti beektonniifi barreessitootni Afaan Oromoo sababa mootummoota darbaniin daangeffamaa turaniiru.

Hojilee kalaqaa qeequun maal akka ta'e Fiqaaduu (2012:3) irratti Charles E. wabeeffachuun akka kaa'etti "hojilee kalaqaa qeequun firiiwwan ogbaruu keessaa tokko fudhatanii madaaluufi qaaccessuun ykn hiikuudhaan akka hubannoof tolutti mijeessuudha". Akka yaada kanaatti hojilee kalaqaa qeequun ogbarruu tokko fudhatanii waantoota garaagaraa irratti hundaa'uun madaaluu, waantoota ogbaruu sana keessatti argaman qacceessuun hiika itti kennuun dubbistoonni ogbarruu sana qabxiiwwan adda addaa ka'an ilaaluun ogbarruu sana akka hubataniifi fayyadamaa ta'an gochuudha. Kanneen keessaa namootni muraasni asoosama barreessuun maxxansiisaniiru.

Qorannoowwaan garaagaraa Afaan Oromootiin yeroo garaagaraatti gaggeeffamanii jiru. Qorannoowwan kanneenis Ogbarruurratti, Fooklooriirratti, Xinqooqarratti akkasumas dandeettiiwwan afaaniirratti gaggeeffaman heddu jiru. Qorannoowwan ogbarruu irratti hojjetaman baay'inaan caacculee irratti kan xiyyeeffatani.

Asoosamoota kanneen irratti qorannoon gadi fagoon gaggeeffamuu dhabuun rakkoo mataa isaa qabaachuu mala. Rakkoowwaan uumaman keessa tokko asoosamoonni barreeffaman kunneen caaccuulee isaanii akkaataan isaan hawaasaaf barreeffamanii dhihaatan ifa kan hin taaneefi ergaan haala addunyaa haqaa ibsuurratti rakkoowwaan adda addaattuu mul'ata.

Haa ta'u malee yeroo adda addaa asoosamarratti qorannoon garaagaraa adeemsifameera. Miseensota yookaan caacculee asoosamaa tokko tokkoon addaan baasaanii qaaccessuunis darbee darbee in mul'ata. Haa ta'umalee Seenaan asoosama keessatti yeroo alkallattiin ibsamu bara adda baasanii beekuun dubbistoota rakkisuu mala.

Kanumarraa ka'uudhaan, qorannoo kana keessatti akka ka'umsaatti kan fudhatame kitaabota asoosamaa tokko tokko biratti rakkoowwan akkasii argaa turuudha. Kanaaf, qorannoo kana keessatti ka'umsikoo immoo akkan asoosama irratti qorannoo geggeessuuf na kakaasera.

Qorannoo kunis gaaffilee bu'uuraa armaan gadiif deebii kenna.

- Yoomessi asoosama Safuu haala akkamii keessatti jira?

- Yoomessi asoosamichi ittiin dhiyaate tooftaalee akkamiin dhiyaate jira?

-Yoomessi asoosamichaa caasaa maalii ofkeessaa qaba?

## *1.3. Kaayyoo Qorannichaa*

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa yoomessa asoosama Safuu keessatti argamu qaaccessuudha.

Kaayyoo gooree qorannoo kanas;

-Yoomessi asoosama Safuu haala kam keessatti akka bocamee ibsuu.

-Tooftaalee yoomessi asoosamicha ittiin dhiyaate balballoomsuu.

-Ergaa yoomessi asoosamichaa qabu xiinxaluu.

### *1.4. Barbachisumma Qorannichaa*

Qorannoon kun namoota ni gargara. Keessumaayyuu namoota asoosama barreessaniif haala asoosamni ittin barreeffamu bakka yookaan haala asoosamni ittin barreeffamuu, akkamitti midhagee erga barbadee akka dabrsuutti, yeroo sananfi haala isaa wal simsisaani akka barreessanif muxxannoo nama nidabala. Kana malees qorattoota mata-duree kana fakkaatu irratti qorannoo hojjetaniif akka madda odeeffaannoofi madda ragaatti tajaajiluu danda’a.

### *1.5. Daangaa Qorannichaa*

Qorannoo tokkof daangaan waan murteessadha. Qorannoon daangaa hin qabnee qorannoo guutuu ta'uu dhiisuu danda'a. kanaafuu qorannoon kun kitaabota Ogbarruu Afaan Oromoo keessaa asoosama irratti yoo ta’u, kitaabni asoosamichaas “Safuu” Kumaa Hordofaatiin kan barreeffame yoo ta’u, bara 2014 A.L.A.tti kan maxxanfame, maxxansa tokkoffaadha. Qorannichis caacculee asoosamaa keessammoo kan inni ittiin dangeeffame qacceessa yoomessa asoosama irrattidha.

### *1.6 Hanqina Qorannichaa*

Qorannoo kana geggeessuu keessatti rakkoowwan akka hanqinaatti na mudatan keessaa inni jalqabaa kitaaba qorannoo kanaa barbaachisan gahaatti dhabuudha. Ta’us kitaabilee argamanitti gargaaramuun qorannoo kana geggeessuu danda’eera. Hanqinni lamaffaan immoo yeroo gahaa dhabuudha. Haata’u malee yeroo kenname keessatti qorannoo geggeessee xumuruuf carraaqeera.

### *1.7. Ibsa Gabaabaa Asoosamichaa*

Kitaabni asoosamaa ‘Safuu’ jedhu kun, Kumaa Hordofaatiin kanbarreeffameedha. Asoosamni Kumaatiin barraa’ee kun bara 2014 ALA tti maxxanfame. Mana maxxansa ELLENI P.P.PLC kanta’edha. Kitaabni kun kutaa kudha shan(15)fi fuula 154 qaba.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A OGBARRUU

## *2.1 Yaadirimee Og-barruu*

Og-barruun Oguma wa kalaquu ta'ee muuxanno jiruu fi jireenyaa keenyaa haqarratti hundaa'ee akka hubatamuu danda'utti midhagsee kaa'a. Wasaneen(2008:178) hiika ogbarruu yoo ibsu"Og-barruun hika tokko kan namootni hundii irratti waliigalan hin qabu" jechuun ibsa. Yaada kanarra kan hubatamu, hika og-barruu ilaalchisee kan waali galaa akka hin jireedha. kunis yaada bal'aa waan qabuuf hikni adda addaa itti kennamuu danda'a.

Hiikni kennamuuf karaa dirree qorannoo illee garaagararummaa akka qabaatu taasiseera. yaada kana ilaalchisee Asaffaan (2009;17) yoo ibsu "Namootni dirreewwaan qoranno garaagaraa keessatti argaman Og-barruun gama addaaddaan ilaaludha"jedha. Yaada kanarraa kan hubannu, hayyootni addaaddaa akkaataa dirree hojii isaanin akka og-barruu hiikanidha.

Ogbarruu Asaffaan (2009:20) yoo ibsan, ogbarruun dabarsa aadaa uummataati. Galmee jiruufi jireenya dhala namaa kan namoota muuxannoo, hubannoofi beekumsa sadarkaa adda addaa qabaniiti" jedha. Yaada kanarraa kan hubannu ogbarruun kalaqa sammuu Dhala namaa ta'ee kan haala jiruufi jireenya, aadaa, duudhaa, barsiifata, falaasamaafi ilaalcha hawaasaa dhalootaa dhalootatti kan dabarsu ta'uusaati.

Dabalataanis, Tafariin (2005:179) waa'ee ogbarruun yoo ibsu, "Ogbarruun siyaasni, aadaan, seenaan, beekumsiifi ilaalchi addunyaa uummata tokkoo maal akka fakkaatu kan ibsuufi dhalootaa dhalootatti kan ittiin darbuudha" jedha. Yaada kanarraa kan hubannu ogbarruun eenyummaa hawaasaa tokkoo mul'isuuf ga'ee guddaa kan taphatu ta'uusaati.

Ogbarruun kunis kan maddu hawaasa keesaa. Yaada kana Asaffaan (2009:19) yoo ibsu, "ogbarruun hawaasa keessa waraabamee deebi'ee hawaasaaf kan dhiyaatu daawwitii jiruufi jireenya dhala namaati"jedha. Yaada kanarraa kan hubannu ogbarruun hawaasa keessa akka madduufi waa'ee hawaasaa irratti kan xiyyeeffatu ta'uusaati.

## *2.2 Faayidaa Og-barruu*

Og-barruun jiruu fi jireenyaa keessatti faayidaalee hedduu qabaachuu ni danda'a. Bu'aa ba'ii keessa darbame kaasee mul'isa. Faayida ogbarruun qabu Asaffaan (2009:36) irratti yoo ibsu, "Og-barruun bu'aa ba'ii hawaasni tokko keessa darbeefi keessa darbaa jiru galmeessee dhalootaaf akka darbu taasisa"jedha.

Yaada kanarraa kan hubannu ogbarruun bu'aa ba'ii jiruufi jireenyaa, gadda, gammachuu, bal'inaaf dhiphina hawaasni tokko keessa darbe kuusee ol kaa'uun dhalootaa dhalootatti kan dabarsu ta'uusaati.

## *2.3. Gosoota Og-barruu*

Gosoota og-barruun ilaalchisee Beekaan (2013:8)yoo ibsu,"Uummatni aadaa barreessuu hin qabne ogbarruu afoola yoo qabaatu, Uummanni aadaa barreessuu qabu ammoo ogbarruu barreeffamaa qaba jechuudha"jedha. Yaada kanarraa kan hubannu gosootni yookaan gooroon ogbarruu bakka lamaatti qoodamusaati. Isaanis: Og-barruu barreeffamafi Og-barruu afoolaati. Gosoota ogbarruu kanneen keessaa qorannoon kun ogbarruu barreeffamaa irratti kan xiyyeeffateedha.

Og-barruun barreeffama bifa barreeffamaan waraqaa irratti barreeffamaan dhiyaatuufi ergaa dabarsuudha. Fedhasaan (2013:67)yoo ibsu, "ogbarruun barreeffamaa kalaqa sammuu ilma namaa bifa barreeffamaan jiru hunda hammata"jedha. Yaada kanarraa kan hubannu ogbarruun barreeffamaa waan barreeffamaan jiru hunda hammataa osoo hin taane kanneen kalaqa sammuu dhala namaa kan dabalatee ta'udha.

Gosoota ogbarruun barreeffamaa bakka sadiitti qoodama. Isaaniis: Asoosama, diraamaafi walaloodha. Qorannoon kunis gosoota ogbarruu barreeffamaa keessaa asoosama irratti kan xiyyeeffateedha.

## *2.4. Yaadirimee Asoosamaa*

Asoosamni damee Og-barruu barreeffamaa ta'ee bifa hololoon kan barreeffamuudha. Yaada kana ilaalchisee Geetaachoo(2093:133)yoo ibsu, "Asoosamni hojii kalaqa ilmoo namaa kan uumama isaa bu'uureffachuun haala bareedaa, nama amansiisuufi bashannansiisuun kan barreessan barreessee dhiyeessuudha" jedha.

Yaada kanarraa kan hubachuun danda'amuu, asoosamni hojii kalaqa ilma namaa ta'uufi bashannansiisaa ergaa kan dabarsu ta'uu isaati.

## *2.5. Faayidaa Asoosamaa*

Jiruu fi jireenyaa nama keessatti asoosamni faayidaalee hedduu qaba.Wasaneen(2000:48)yoo ibsuu, "Asoosamni gochaalee adda adda haala jireenya hawaasummaa keessatti namootni rawwatan qeequufi barsiisuuf daandii sirridha" jechuun dubbata. Kanarraa kan hubannu, xiyyeeffannoon asoosamaa jireenya hawaasan wal qabachuufi barsiisuuf kan qophaa'e ta'uu isaati.

Faayidaa asoosamaa Fedhasaan(2013:28) yoo ibsu,"Faayidaan asoosamaa gammachuufi boqonnaa sammuu nama gonfachiisuu, safuufi Seera barsiisuu, gochaa balaaleffachuufi waan gaarii qeequudha" jedha. Yaada kanarraa kan hubannu asoosamni faayidaa hedduu qabaachusaati.

## *2.6. Goroowwan Asoosamaa*

Qoqqooddin asoosamaa haala bal'insa isaani irratti hundaa'a Fedhasaa (2013;68) "haala bal'iinsaarratti bu'uureffamuun asoosama bakka lamatti qooduu ni dandeenya. Isaani asoosama dheeraa fi asoosama gabaabaa jedhama" jechun bakka lamatti qoodeera.

Asoosamni dheeraan jaarraa 18ffaa keessa erga eegalee kaasee hanga ammaatti karaa adda addaa hiikni itti kennamaa jira. Garuu, hiika hayyootni marti irratti waliif galan lafa kaa'uun hin danda'amne. Wasaneen(2008:84)yoo ibsu, "Asoosamni dheeraan seeneffama kalaqaa ta'ee kan

bifa hololootiin dhiyaatu, seenaa tokko jalqaaa kaasee hanga dhumaatti kan seenessuudha’’ jedha. Yaada kanarraa kan hubannuu asoosamni dheeraan seenaa bal’aa kan seenessuu ta’uusaati.

Akkaataa hiika jiruutti asoosamni gabaabaan yeroo dubbisuuf fudhatu giddu-galeessa taasifata. Wasaneen(200:86) yoo ibsu, "Asoosamnii gabaabaan hojii Og-barruu kalaqaa ta'umsa altokkottin dubbifamuun xumuramudha" jedha. Yaada kanarraa kan hubannu asoosamni gabaabaan seenaa qeenxee kan seenessuufi yeroo gabaabaa keessatti dubbifamee kan xumuramuudha.

## *2.7. Caacculee Asoosamaa*

Caacculeen asoosamaa bu’uura asoosamaati. Caacculeen asoosamaa guutummaa asoosamichatti humna kennuun midhegsu. Kanas Fedhasaan (2013:68)yoo ibsu"Miseensota asoosama xinxallun yaada asoosamaa sanaa qalbeeffachuuf nu gargaara" jedha.

Yaada kanarra kan hubannu caacculeen asoosamaa asoosama tokko xiinxalanii hubachuuf, qeequufi madaaluuf kangargaaruu ta’uusaati. Caacculen kunneenis namfakkii, jaargocha, yoomessa, waldiddaa, ija, ergaa, seenaa, afaaniifi haala dhiyeenyaati.

### *2.7.1. Namfakkii*

Namfakkiin namoota barreessaa asoosamaan uumamanii seenaa asoosama tokkoo raawwatan yookaan seenaan irratti raawwatuudha. Misgaanuun (2012:21) yoo ibsu,’”Namfakkiin namoota seenaa asoosamaa keessatti hirmaachuun amala dhala namaa hunda calaqqisiisaniidha. Kanaaf abbaa seenaa yookaan abbaa oduu jedha”’jedha. Yaada kanarraa kan hubannu namoota asoosama keessatti gochaa raawwatan namfakkii akka ta’aniidha.

Namfakkiin nama, bineensota, beelladoota, wantoota ykn humnoota hojii kalaqaa keessatti nama bakka bu’anii hojii dhalli namaa hojjatu raawwatan. Gama biraatiin namfakkoonni abbaa seenaa akkuma ta’uu isaaniitti yeroo baay’ee namoota yoo ta’an, bineensotaafi wantoonni biroo nihammata. “character is a person or animal who takes part in the action of a literary work). The people in novels are referred to as characters.” Zerihun, (1992)

Namfakkoonni addunyaa asoosamaa keessatti foon uffatanii, amala ilma namaa gonfatanii, waan ittiin waamaman ykn gahee kennameefi bakki jireenyaa qophaa'eefi afuura kan baafatan, kan dubbatan, kan nyaataniifi dhugan, akka namoota addunyaa dhugaa kan jiraataniifi du'an, kan beela'aniifi dheebotan, kan wal jaalataniifi wal jibban, kan gammadaniifi gaddan, namoota addunyaa asoosamaa sammuu barreessaatiin kalaqamaniiti jedha. Namfakkoonni bakkaafi bara asoosamichi barreeffame keessaa waan maddaniif bakka bu'oota bara sanaafi iddoo sanaa ta'anii aadaa, ilaalcha, yaada, jiruufi jireenya bara sanaa calaqqisiisu.

Namfakkiileen qaamota seenaa asoosama sanaa ofitti fudhachuun gochoota raawwataniidha; hojii kalaqaa keessatti kan: Seenaa sochoosu, Kan gochoota raawwatuufi, Gochoonni irratti raawwatamaniidha.

Ijaarsa kalaqaa keessatti barreessaan namoota lubbuu qaban fakkeessuun uumuun namfakkeessuu jedhama. Namfakkiileen jalqabbii seenaa asoosamichaatii kaasee hanga xumura seenichaatti mula'atan namfakkii guddaa jedhamu(Major Character(Protagonist)).

Namfakkiileen yaada namfakkii guddaa faallessanimmoo namfakkiilee masaanuu (antagonist) jedhamu. Namfakkiileen seenaafi yaada asoosamichaa babal'isuuf bakka addaa addaatti mul'atanii badanimmoo namfakkiilee xixiqqoo jedhamu(Minor character).

Namfakkiileen dandeettii cimina kalaqa yaada sammuu barreessatiin kan uumaman yommuu ta'u, yoommuu dubbistootan wal baran bifa lamaan dhihaachuu danda'u. Fakkeenyaaf:

Kallattidhaan**:** Malli kun kan barreessaan nuffii tokko malee waa'ee namfakkiilee sanneenii irra deddeebi'uudhaan himuudha. Fkn: bifa, amala,mudaa, ilaalchaafi yaada namfakkilee yoo ta'u,

Alkallattiin: Kunimmoo, gocha namfakkiileen seenicha keessatti raawwataniin, dhiibbaa namfakkilee biroorraan gahaniin, haala namfakkiilleen biroo waa'eesaanii dubbataniin, fedhii namfakkiileen sun qabaniin beeksisuudha.

### 2.7.2. Jaargocha

Jaargochi haala seenaan asoosama tokkoo sababaafi bu'aan wal qabatee tooraan ijaaramuudha.Gochoonni kunis wal qabatanii walirratti ijaaramuun gochi tokko isa biraa uumuuf

sababa yoo ta'u, bu'aan gocha sanarraa argamuu  gocha biraa isa boodaan dhufuuf sababa ta'uun seenaa  asoosamichaa bal'isa. Fedhasaan(2013:68) yoo ibsu,"jaargochi haala seenaan asoosamaa sababaafi bu'aan wal qabatee tooraan ijaarame ijaarsa gochootaati" jedha.

Haala seenaan sun itti qinda'e, miidhagina seenichaaf kenne beekun barbaachisaadha. Seenaan sun miidhage jechuun kan danda'amu haala qindoomina issatiin. Jaargochii qindoomina ta'umsoota walqabate yoo ta'u kunis salpha ykn walxaxaa ta'u danda'u. Jaargochi dhiyeenya tartiiba qabu daandii seenaa hojii ogbarruu tokkooti.

Jaargochi qindoomina raawwii haala tartiibaa yeroo qabuun dhiyaatudha. Kunis seensa walxaxiinsa waliinjiru, waldiddaa dhiphisaa deemuun fixee ga'ee carraa namfakkii kootamaa tokko agarsiisun furmaata kennuun kan xumuruudha.

Jaargochii waldiddaa humnoota lama jedduutti jiru adeemsifamuurraa madda. Waldiddaan kunis calqaba ka'uun sadarka olaanaattii guddacha deemeeti dhumarratti  waldiddichi furmaata argata. Kunis akkaataa armaan gadiitiinidha.

Ibsa (Exposition): Kun seensa seenichaaa yoo ta'u barreessaan seenduubee ykn odeeffannoo qooddatootaa marsaatiif ibsa kenna. Kanamalees haala waldiddaan uummamuu danda'uun ibsa.

Bakka kanatti iddoo qoddattootni eenyummaa isaan itti barru, amala isaanii, gochaafi rawwii isaanii faana akka walbarruuf kan taasifamuudha. Namfakkiin sun nama akkamii akka tahe, jireenya akkamii akka hawwu, amma immoo jireenya akkamii keessa akka inni jiraatu tilmaamuu ni dandaeenya. Gama biroon immoo ilaalcha namfakkiin sun qabuufi qabdu, jireenya akkamii akka isheen obsaa jiraachisaa jirtu tilmaamuun ni danda'ama. Ka'uumsa kana keessatti obsaafi haati buddeenaa isaa walitti dhufeenya akkamii akka isaan qaban ni tilmaamna.

Olka'iinsa (Rising of Action**):** Hirmaattootni seenaa ka'umsa keessatti walbaraa dhufan fedhii, amala, kayyoo, taateewwan hawaasaa keessatti beekamaa tahan fudhachuu, fudhachuu dhabuu yookiin gochaa garaagara qabaachuun wanta yaadan sana galmaan gahachuuf ni carraaqu. Kana keessatti galma geessiftootni seenaa sun yaadan waldhabaa walitti bu'insi isaanii jabaachaa adeema. Ta'uumsota tartiibaan dhiyaatan keessatti ta'uumsi tokko kan biroo uumuun waldiddaa

olkaasa. Iddoo kanaatti dubbiin dubbii dhalaa deemuun seenaan babaallata. Haala kanaan ta'umsoonni olka'a deemee fiixeerra ga'a.

Guutmiira /Bantii/ (Climax): Sadarkaa kanatti yerootti seenaan asoosamichaa seeneffama keessatti iddoon kun iddoo olaana ta'e yeroo subseenichi sadarkaa olaanaa ga'ee, waldiddaan jirus guddate furmaataaf karaa akka akka banamu taasisa.

Iddoo kanatti wanta nuti arginu seenaan barreessaan barreesse as gahe kuni sadarkaa sadarkaadhaan guddachaa guddachaa deemuun yommuu inni fiixeerra gahutu mul'ata. kana malees walitti bu'iinsi namfakkiilee gidduutti ture sun haalaan dabalaa dhufee bakkatti garmalee olka'ee argamuudha. Bakka kanatti walitti bu'iinsi yookiin seenaan asoosasamichaa garmalee olbahee kan mul'atuufi bakka seenichaaf murteessaa ta'edha. Iddootti waan hundumtuu goobanee olka'ee haalaan mul'atudha.

Bu'iinsa /Laafaa Dhufuu Dubbii/ (Falling of Action/: Qindoomina jaargochaa kana keessatti waldiddaan uummamee dhiphinaa keessa galee hirrachaa deemuun ta'uumsoota jiran ibsa gara furmaatatti iddoo itti deemuudha.

Seenaan asoosamichaa inni jalqabaa kaasee haalaan guddachaa guddachaa deemaa dhufee guutmiira irra gahuun booda immoo gara qabbanaa'aa qabbanaa'aa deema. Taateewwan walmuddaa turanis gara furmaata argachuutti kan deemanidha. seenawwaan asoosamicha keessatti argamanis kanaan booda dabalaa dabalaa kan deeman osoo hin taane hunduu suuta suuta hir'achaa deema.

Furmaata (Resolution): Sadarkaa kanatti waldiddaan jiru furmaata argate yeroo dhuma seenichaatti deemuudha. Waldiddaa jaargochichaatiifis furmaanni ni kennema. Goolabni (Conclusion) ammoo addaan gala gabayaa galgalaati.

Iddoo kanatti namfakkiin olaanaa asoosamichaa kan ta'e obsaa baay'ee itti dhiphatuufi tureefi lubbuun isaa kan wareegamaaf kennaa ture keessaa bahuun gara jireenya aaragalfii yookiin boqonnaa qabuutti itti cehuun furmaata gama tokkoon argatuudha.

Haala kanaanis waldhabbeen asoosamicha keessatti haalaan finiinaa dhufe suuta suuta jechuun yommuutti furmaata argachaa deeemu argina. Seenaa asoosamichaa keessaatti ijoon guddaan bakka itti dhiphatuudha.

### 2.7.3. Yoomessa

Taateen tokko yeroifi bakka itti raawwatamu qaba. Yaada kana Misgaanuun(2012:19) yoo ibsu, "Yoomessi yeroo fi bakka  seenaan asoosamicha keessatti seeneffameefi ta'iinsi tokko keessatti raawwatame kan ibsuudha" jedha. Yaada kanarra kan hubannu yoomessi bakka qooddattoonni itti argamaniifi gochaa raawwatan ta'uudha.

Yoomessi yeroofi bakka seenaan asoosama dhangala’aa tokko itti raawwatame; Deebii gaaffii yoomii fi eessaa jedhuuti. Akkasumas, bara seenaa, kurmaanawwan waaggaa, torban ji’ootaa, seenduubee hawaas-dinagdee, uumama naannoon tokko ittiin beekkamuun  ibsamu. Rawwiin ogbarruu tokkoo iddoo itti raawwatameefi yeroo ittii raawatame agarsiisa. Kanaafuu, yoomessi asoosama dhangala’aa asoosamicha dhugummaafi miidhagina gonfachiisuun dhaamsa barbaaddame gammachiisaa dabarsuuf gargaara.

Faayidaafi Tooftaalee Dhiyeessa Yoomeessa Asoosamaa:

Seenaa asoosama tokkoo keessatti akka dalagame, **n**amfakkiiwwan asoosamichaa, eessa akka jiraatan, seenaan isaanii eessatti jalqabee eessatti akka xumurame asoosamichi dhugumaan akka qabaatu taasisa.

Barreessitootni tokko tokko bakka seenaan asoosama tokkoo itti dalagame: kallattiin yommuu himan kanneen biroon immoo alkallattiin asxaa, mallattoo wantoota nannoo sanatti argaman fayyadamuun agarsiisu.

Birkiin yoomessaa inni biroo immoo yeroo yommuu tahu yeroon seenaa  asoosamichaa itti rawwatamu bakka sadiitti qoodama.

1.Bara seenawaa namfakkiiwwan seenichaa keessatti argaman itti jiraatan, bara seenaan asoosamichaa itti dalagame.

2.Tibba yookiin waqtiilee seenaan asoosamichaa itti dalagameefi namfakkiiwwan keessa jiraatan.

3.Guyyaa, aduu, halkan, sa’aatii, ganama, galgala,... gochaawwan seenichi itti rawwatame hunda ofkeessatti hammata.

Seenaan yeroo alkallattiin ibsamu bara adda baasanii beekuuun dubbistoota rakkisu bara seenawaadha. Bara seenawaa adda baasanii baruudhaaf tooftaalee armaan gadii fayyadamuun gaariidha. Tooftaaleen kunis barreeffamicha keessatti jireenyi hawaasaa ibsame yookiin ibsamuu akka danda’amu qalbeeffachuunidha. Namfakkiiwwan asoosamicha keessatti argaman: Ilaalchaafi yaada isaan calaqqisiisaniin, Meeshaa isaan itti fayyadamaniin, Akkaataa uffaannaa isaaniin, Haala jiruufi jireenya isaanii xinxaluudhaan namoota bara kamii akka ta’an adda baasuunidha.

### 2.7.4 Waldiddaa

Waldiddaan asoosama keessatti qaamota waaliin mormaaniidha.yaada kana ilaalchisee Fedhasaa(2013:17) irratti yoo ibsu"Waldiiddaan Wal falmii yookiin mormii alaafi keessa namfakkii guddaa fi human birrootiin uumamudha" yaadni armaan olii kan ibsu waldiddaan namfakki gidduutti uumamuu akka danda'uudha.

Caaccuuwwan miseensota asoosama keessatti mul’atu keessaa isa tokkoofi baay’ee barbaachisaadha. walmormiiwwaan qamoota lama jidduutti dhimmoota garaagaraarratti taasifamudhaa. Qabsoo humnoota faallaa ta’an lama gidduutti adeemsifamuudha. Walitti bu’iinsa gochootaa, yaadaa fi fedhii namfakkoota gidduutti uumamudha. Qabsoo humnoota lama gidduutti taasifamudha.

Asoosama tokko keessatti waldiddaan: qooddattoota gidduutti (Physical Confilct), qooddataafi hawaasa gidduuttii (Ethical conflict), akkasumas, qooddatama tokko keessatti (Emotional/Psychological) uumamuu danda’a. Gosoonni Waldiddaa, walmormii yookiin waldhabiinsi kunis haala lamaan mul’ata. Isaanis: waldiddaa qaama alaafi waldiddaa qaama keessaati.

Qaamootni waldorgoman yookiin walmorman lama yommuu isaan olaantummaa isanii agarsiisuuf carraaqaniidha. Carraaqiin isaan taasisanis wantoota adda addaa faana akkasaan walitti bu'an isaan tasiisa. Namfakkiin olaanaan kaayyoo isaa galmaan gahachuuf jecha yommuu asiifi deddeebi'u qaamoota hedduu waliin walitti bu'iinsa uuma.

Waldiddaa Namfakkiiwwanii, walitti bu'iinsi kuni garaagarummaa: ilaalchaa, amantaa, siyaasaa, kaayyoo, ejjennoofi eenyummaa namfakkiiwwan qaban irraa ka'uun kan uumamanidha. Dabalataanis: inni tokko isa biroo caalee fayidaa argachuuf, fudhatama qabaachuuf, caalee argamuuf yoo carraaqu walitti kan bu'udha.

Waldiddaa namfakkiifi uumaa**:** qooddattootni asoosamicha keessaa haalaafi yeroo adda adda keessatti fedhiin isaanii guttachuu dadhabuun waaqa faana kan walitti bu'anidha. Yerootti uumaa mormuun mormiisaa dhageessisudha. yommuu uumaa faana mormii gaggeessu kanammoo duuba deebi'ee wa'ee jireenyasaa darbee, galma ga'iinsa har'a dhabaa jiruuf sababni akka uumaa tahetti lakkaa'a; waan akka uumaan isa miidhuuf ka'eetti oflakkaa'uun mormiisaa haalaan guddisee dhageessisa.

Waldiddaa namfakkiifi uumamaa**:** wadhabiinsa humna uumamaa faana qabsoo tasifamudha. Qabsoo kaniinni qabuus jiraachuuf jecha kan taasisudha. Fakkeenyaf beela, gogiinsa, biqiloota, bineensotafi kkf. Faana jireenyasaa mo'achuuf jecha kan walitti bu'udha. Walitti bu'iinsi askeessatti arginu kunniin waldiddaa namfakkiifi uumamaa jidduu jirudha.

Waldiddaa namaafi hawaasa: Waldiddaan namaafi hawaasaa kunis namni dhuunfaan tokko yeroo gareen murtaa'a tokko aadaa, dudhaa, sirnaafi heera bulmaata saba tokkoo mormuun kan ka'an jiraachuu danda'a. Kanarraa kan ka'e hawaasni aadaafi sirna bulmaataa keenya hin dhiisnu jechuun yeroo falmu namfakkiin tokkommoo isaan mormuun yoo ka'e walitti bu'iinsi ni umama.

Waldiddaa keessaa (internal conflict): Waldhabiinsa namfakkiin sammuu isaa faana taasisudha. Namni yeroo ofumasaa ofiin yommuutti waldhabu keessa yaada isaa faana walitti bu'a. Wantoota gara sammuusaatti dhufanii isa dhiphisaniif yommuu inni deebii kennuu dadhabee ofumasaan ofitti bu'udha. Walitti bu'iinsi kunis kan uumamu, Waldiddaa fayidaafi faayidaa, Waldiddaa fayidaafi miidhaa, Waldiddaa miidhaafi miidhaarraa kan madde tahuunidha.

### 2.7.5 Ija

Iji haala seenaan asoosama tokko ittin seeffamuudha. Yaada kana. Fedhasaa(2013:82) yoo ibsu,"iji kallatti seenaan asoosamaa ittiin himamuudha. Barreessaan seenaa tokko yeroo qindeessu nama dubbistootatti seenicha himu waliin kalaqa innis seenesaa jedhama" jedha.

Ija seenessuu kan jedhamu iddoo barreessan namfakkoota ka'uun seenaa hojii ogbarruu tokko ittiin dhiyeessu. Ijji seenessuu seenaan sun eenyuun akka seenfamaa akka jiruu ramaddii kamiin dhiyaachaa akka jiru agarsiisa. Isaanis:

1.Ija seenessuu ramaddii tokkoffaa:seenaan asoosamichaa qooddattoota jaargocha sana keessaatti argamu tokkoon dhiyaata. Bamaqaawwan ija seenessaa gosa kanaa keessatti mul'achuu danda'an kanneen akka ana/ani fi nu/nu'i kanneen jedhamaniinidha. Seenessaan akka waan seenicha keessatti hirmaateetti waan dhiheessuuf wa'ee ofiisaa itti dabalee yookiin gurra guddisee dhiheessuu danda'a.

2.Ija seenessuu ramaddii lammaffaa: Kallattiin seenessuu kun ati/si, isin jechaa ramaddii lammaffaan kan dhiyaatu yommuu ta'u barruu guutuu keessatti male asoosama dhangala'aa keessatti ija seenessuu bal'inaan mul'atuu miti. Namootni lama yommuu isaan walitti dudubbatan haalaan mul'ata.

3.Ija seenessuu ramaddii sadaffaa: Ija seenessuu kana keessatti bamaqaawwan isa, ishee, isaan jedhamantu mul'ata. Seenessaan seenichaa barreessaa/asoosaa seenichaa ta'uu danda'a. Ramaddiilee bamaqaa kanaan seenicha kan seenessu yoo tahe asoosamichi ija akkasiin seeneffame jennee dubbachuu dandeenya. Haala kanaan ramaddii ija sadeffaan seenaan sun dubbistoota asoosamichaa bira dhaqqabuu danda'a.

Ijji seenessuu ramaddii sadaffaa seenessaa; hundabeekessa (Third person omniscient), ija seenessaa hundabeekessa murtaawaan (Third person limited omniscient dhiyaachuu danda'a.

Ijji seenessaa hundabeekessaa, gochaafi jecha qooddattoota hundaa qofarratti kan hundaa'u osoo hintaane sammuu isanii keessallee seenuun ilaalcha isaaniillee qooddattoonni dubbistoonni asoosamichaa waan qooddattoota asoosamichaa dubbistoonni akka beekaniif gargaara. Bakkiifi

yeroon osoo isa hin dangessiin waan hunda jalqabaa hanga dhumaatti namatti hima. Seenessaan kuni ija akkawaaq jedhamuun beekama.

Ija seenessuu hunda beekessi murtaa’aa, qooddataa kootamaarraatti xiyyeeffata. Kanaafuu, ijji seenessuu kun dubbistoonni asoosamichaa waan qooddataan muummichaa yaadu, fedhu, hojjatuufi dubbatu, akka beekanii gargaara. Seenessaan fedhii, yaadafi ilaalcha namfakkiiwwan hunda guutummaa guutuutti hinbeeku. Gocha wa’ee seenichaa keessatti dalagamu ta’ee waa’ee namfakkiiwwani beekumsa seenessaan qabu murtaawaadha.

### 2.7.6 Ergaa

Hojiin kalaqaa kaamiyyuu waan barreeffamuuf qaba. Kaayyoon kunis haala jireenyaafi muuxannoo namfakkootaa, seenaa asoosamichaa, waldiddaafi caaculewwaan birootiin kuulamee darba. Ergaan kunis, miseensota asoosamaa keessaa dhaamsa walii galaa barreessaan dubbistootaaf karaa ittiin dabarsuudha. Misgaanuun(2012:27) irratti yoo ibsu,"Ergaa walii gala asoosama tokko dubbachuun hin danda'amu"jedha.

Yaada kanarraa kan hubaatamu, asoosamni tokko ergaawwan adda addaa qabaachuu waan danda'uuf ergaa isaa kana jedhani daangessuun akka hin danda'amneedha.

Dhaamsi, ergaa dimshaashaafi killayyaa asoosaan dabarsuu barbaade. Dhaamsi, ergaa ijoo asoosaan dubbistootaaf dabarsuuf kaayyeffate yommuu ta’u, innis kan dubbistootaan salphamatti hubatamu ykn hinhubatamne ta’uu danda’a. Tooraafi fuula asoosamichaa murtaawaarratti kan argamu osoo hintaane cuunfaa waliigalaa hojii asoosamichaati.

Yoomessi, waldiddaan haalli dhiyaannaa qooddattootaa, iji seenessuufi  miirsagaleen dagaagina dhaamsaatiif tumsu. Dhaamsi hojii ogbarruu keessatti dhiyaatu karaa lamaan dhiyaachuu ni danda’a. Kunis karaa kallattiifi alkallattiti.

Ijoon ergaa dhimmoota ciccimoo hawaasa keessa jiran haala jireenyaafi sadarkaa isaa, aadaa, duudhaa, barsiifata, amantii, siyaasa, dinagdee, kallattiin, yookin habalakaan calaqaqissisa. Barreesitootni tokko tokko immoo  yoomessaa asoosamichaa gargaaramuun dhaamsasaa dabarfachuu danda’a. kanneen biroon immoo maqaa qoddataa achi keessa jiruun dhaamsisaa

walqabatee moggaafamuu mala. Kanneen biroon immoo kanneen kanarraa adda godhanii dhoksaan ergaa asoosama isaanii dabarfachuu danda'u. Gama birootiin mata dureefi ergaan asoosamaa walqabachuu ykn walqabachuu dhiisuu danda'a.

### 2.7.7. Seenaa

Seenaan caacculee asoosamaa keessaa isa tokkodha. Innis haala asoosamni tokko ittiin xumurame kan agarsiisuudha. Seenaan asoosamaa tokkoos gammachisaa, gaddisiisaa yookaan wal makaa ta'uu nidanda'a.

Seenaan ta'iiwwan asoosamaa walduraa duubaan seeneffaman ta'ee kan Jalqaba akkana ta'e, achiin booda akkas ta'e…dhumarrattimmoo akkana ta'e jechuun kan himamuudha. Namni asoosama dubbise tokko waan deebisee nama birootti himuudha.

### 2.7.8. Maalumma Dubbiiwwan Qolaa

Dubbiiwwan qoolaa asoosama keessattii gahee guddaa qaba. Fedhasaa(2013:96)yoo ibsu, "Dubbiin qoolaa jechoota haala qaromina qabuun qindeeffamanii ergaa darbuu barbaade dabarsuudha" jedha.

Yaadni haayyuu armaan oli kan hubachisu, dubbiin qoolaa haala qindoomina qabuun qindaa'uu isaati kunis asoosama keessa keessatti barbaachisaa kan ta'edha.

## *2.8. Maalummaa Yoomessaa*

Yoomessi caacculee asoosamaa keessaa isa tokkodha. Yoomessi asoosama tokkoo keessatti bakkaf yeroo gochii tokkoo itti rawwate kan ibsudha. Akkasumas haalaaf yeroo gochoonii asoosama tokkoo haala jiruuf jireenya hawaasa waliin wal qabsisee kan mulatudha.

Akkaa Misgaanuun (2012:19)yoo ibsuu, yoomessi: yeroof bakka seenaan asoosamichaa keessatti seeneffameefi ta'iinsi tokkoo keessatti rawwatame kan ibsuudha. Yaada kana irraa kan hubannuu yoomessi bakka qooddattooni itti argamaniifi gochaa rawwataman ta'uudha.

## *2.9. Gosoota Yoomessaa*

Yoomessi asoosama tokkoo Karaalee garaagaraan mul’aachu danda'a.

Isaanis,

- Yoomeessa Dimshaashaf.

- Yoomeessa Murtawwaa jechuun nii danda'amaa.

## *2.10. Haala Qindaa'ina Yoomessaa Asoosama Safuu*

Haali qindaa'iina yoomessa asoosama Safuu yeroo ilaalu Kara laman ilaalun ni danda'ama. Innis, kallattifi alkallattiidha. Kallattin yeroo ibsamu, ganama, galgala, halkan, bara akkasi, guyyaa akkanaa jedhamee ta’uu danda'a. Alkallattin yeroo ibsamu, ammo taatee yeroo ta'e keessa raawwatame maqaa dhahuudhaani.

Bakki immoo naannoo seenaan Sun itti raawwate ilaallata. haala teessuma Lafa, haala qilleensa naannoofi kan kana fakkattan mul'isa. Haalli hawaasummaa haala jiruufi jireenya uummata asoosama Sana keessatti eeramee kan calaqqisiisuudha.

# BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA

## *3.1. Saxaxa Qorannichaa*

Qorannoo kana geggeessuuf gosti qorannoo dhimmi itti bahamee gosa qorannoo akkamtaati. Sababni isaas gosti qorannoo kanaa odeeffannoo argamu qaaccessuun jechootaan ibsa. Qorannoo kana galmaan ga'uu mala balballoomsaatti dhima baheera.

Dhimma Kana Addunyaan (2011:10) yommuu ibsu,"qorannoon akkamtaa jiruufi jireenya hawaasaa kan ibsuufi Haala ilaalchaafi fedhii hawaasaa gadi fageenyaan ibsuurratti human guddaa kan qabuudha"jedha. Yaada kanarraa kan hubannuu qorannoon akkamtaa gaaffii maaliif? akkamitti? jedhaniif deebii kan Kennu ta'uusaati. Walumaagalatti haallii fayyadama saxaxa Kanas bu'aa qorannichaaf barbaachisu to'achuu dandeessisifidha.

## *3.2. Madda Ragaa*

Qorannoo hojechuuf maddi ragaa isa barbaachisaafi murteessaadha. Qorannoo kana hojjechuufis maddii ragas qorataan dhimmaa itti bahe madda ragaa tokkoffaadha.

kunis kan ta'uu danda'eef asoosamni yoomeessa isaa xiinxalame bifa barreeffama kan argamuudha. walumaagaalatti maddii ragaa qorannoo kana Madda ragaa tokkooffaa ta'uun qorannichi geggeeffama.

## *3.3. Iddattoofi Mala Iddatteessuu*

### 3.3.**1.** Iddattoo Qorannichaa

Qorannoo tokkoof iddattoon murteessaadha. Iddattoon qorannoo kanaa asoosama Safuuti. Kunis asoosamicha gadi fageenyaan irra deddeebi’ee dubbisuun odeeffannoon irraa waan sassabamuufidha.

### 3.3.2. Mala Iddatteessuu Qorannichaa

Qorannoo kana geggeessuu keessatti malli iddatteessuun itti gargaaramu mala iddatteessuu miti carraa keessa mala akkayyootti dhimma baha. Sababni isaas asoosama hedduu jiran keessaa asoosama Safuu kaayyeffachuun osoo carraa hin buusin waan filadheefidha.

## *3.4. Mala Funaansa Ragaalee*

Qorannoo kana geggeessuu keessatti malli funaansa ragaa dhimmi itti bahamu sakatta’a dookimentiiti. Sakatta’a dookimeentii kanas yaadannoo qopheeffachuun kitaaba asoosama Safuu gadi fageenyaan dubbisuun yoomessi asoosamichaa sakatta’aame qaacceffama.

### 3.4.1. Sakatta'a Dookimentii

Qorannoon kun geggeeffamuuf malli ragaan ittin sassaabame, sakatta'a dookimeentiiti. Sakatta'i dookimeentii Kunis kitaaba asoosamaa Safuu dubbisuun yoomessa isaa qaaccessuun kan sakatta'amuufidha.

## *3.5. Mala qaaccessa Ragaalee*

Malli kun mala odeeffannoon sassabamee ittiin hiikamuudha. Qorannoo kana geggeessuu keessatti odeeffannoo sakatta'a dookimentiitin argamu qaaccessuun balballoomsama. Balballoomsi taateewwwan asoosamicha keessatti raawwataman sababaafi bu’aan wal qabsiisee kan ibsu waan ta’eefidha.

# BOQONNAA AFUR : ODEEFANNOO QAACCESSUUFI HIIKUU

Asoosamni kan caaccuulee garagaraa of keessa qabudha. Isaanis kanneen akka waldiddaa, yoomessa, namfakkii, jaargochafi erga fa'a. Caacculee kanneen keessa yoomessi tokko yommuu ta'u, kunis gosoota garagaraafi bakkeewwan garagaraatti kan rawwatamuufi faayidaa garagaraa seenaa asoosamichaaf kan kennanidha. Kanaaf odeeffannoowwan armaan oliitti tuqamaan mata dureewwan boqonnaa kanaa itti aanani dhufan keessatti kan qaacceffamuufi hiikaamudha.

## *4.1. Haalota Yoomeessi Ittiin Mul'atan*

Yoomessi bakka, yeroo fi haala jireenya hawaasan mul'achuu danda'a. Bakka gochii tokko rawwate, yeroo gochii keessatti raawwateefi, haala hawaasa gochi tokko keessatti rawwate yoomeessa agarsiisuu danda'a.

### 4.1.1. Yoomessa Bakkan Mul'atan

Yoomessi kun kan inni mul'atu bakka yookaan iddoo ta'iin tokko itti ta'e yookaan seenaan itti rawwatee ibsuu kan mul'isuudha. yaada kanaas kitaabicha keessa yoo fudhaanu:

*A. Magaalaan Asallaa magaalaa guddoo Oromiyaa, Finfinnee irraa kiloomeetirii 175 fagaattee argamti. Karaa guddaa magaalaa kanaa qaxxaamuru irratti manneen waggaa soddomaan dura mukkeen ciccimoo kan akka Ejersaa, Birbirsa, Heexoofi, dhagaa cimoo Qarsaa jedhamu wajjin walmakamee irraa kanhojjetaman keessaa tokko ta'uu, namoonni ganda kanaa nidubbatu(fuula 5).*

Yaada olii kannaarra kan hubbannu yoomessi kun yoomessa bakkan mul'atedha. Barreessichiis bakka dhaloota namfakkii kana ibsuun kan eegaledha. Kanaas bakka dhaloota Obsee ta'uusaa ibsuuf jechadha. Bakkii dhaloota Obsee akka irraa caalatti ifa ta'uutti magaalaan Asallaa magaalaa guddoo Finfinneerraa fageenyashee ibsa. Akkasumas, waggaa soddomaan duras seenaa magaalatti addeesseera. Mee kan itti aanus haa ilaallu.

*B. ...Bakkii dhalootashee magaalaa Asallaa ganda sagal qarqara laga Walkeessaa*

*jedhamtuudha. Abbashee Obbo Jimaafi haadhasee Aaddee Tolashiirra dhalaatte. Obseen mucaa simboo qabeettii harkii jaarsaa guddiseedha. Dubbiin arrabashee keessaa ba'uu kan nama hinquuqnedha. Abbaafi haatishee yoo wal dhabanillee jaarsa taatee walitti araarsiti. Rifeensa lama hin biqlchiinee taatuyyuu dubbiin afaan ishee keessa ba'u hayyuu ta'ushee akeeka (Fuula 10*).

yaada olii kannaarraa kan hubbannu, yoomessi olii kun yoomessa bakkan mul'atedha. barressichiis bakka dhaloota namfakkii kanaa magaalaa Asallaa jala ta'u isaafi badiyyaatti dhalachuu ishee ibse. Bakkii dhaloota Obsees ganda maqaan isaa '*sagal qarqara laga Walkeessaa'* jedhamuudha. yoomesi kunis bakka dhaloota Obsee maqaa dhahee waan ibseef yoomessa bakkan kan mul'atedha. Kana malees:

*C. Obseen akkuma abbaan ishee gorsaa ture barumsa ishee qofa hordofuudhaan barumsa kutaa kurnaffaafi kudha lammaffaa qabxii gaarii galmeessuudhaan Yuunivarsitii Arbaaminciit-ti muummee 'Siivil Injineriingii' dhaan digirii jalqabaa barachuu eegaltee turte. Garuu akkuma isheen barumsa simisteera tokkoffaa barachuu eegalteen abbaan ishee dhukkub-sachuu eegale... (Fuula 71*).

yaada olii kanaarraa kan hubbannu, Obseen barattuu barumsa  kutaa kurnaffaafi kudha lammaffaa qabxii gaarii galmeessuudhaan Yuunivarsitii Arbaaminciitti muummee 'Siivil Injineriingii' dhaan digirii jalqabaa barachaa turuushee, bakkicha barreessaan maqaa isaa adda baasee ibseera.

### 4.1.2. Yoomessa yeroon mul'atan

yoomessi yeroon mul'atu yoom? ji'a kam? guuyya kam? kanaas halkaan moo guyyaa fi barii kan jedhuu yoomessa ibsuudha. yoomessii haala kannaan mul'atees kitaaba kanaa keessa yoo ilaaluu:

"…bara hoggantoonni mootummaa habashaa hundi yeroo ammaa kana Afaan Oromoo dubbachuufi barachuun, uummaticha fakkaatanii waan barbaadan bitanii gurguraa 'bizinesii' isaanii itti hojjechaa jiru…"(fuula 19).

Yaada olii kanaarra kan hubbannu, bara bulchiinsa mootummaa habashaa keessa dhiibbaa Afaaniifi uummata  Oromoo irra ture barreessichi dubbisaa isaa quba qabsiisa. Asirratti yoomessa yeroo barreessan kun sirriitti hubachiiseera. Akkasumas, armaan gaditti kitaaba asoosamichaa keessaa yoomessa yeroon kan walqabatu,

"....sambata guyyaa waaree booda guyyaa itti manarra achii deeman miti yoo ta'ees, har'a garuu Didhaa fi hiriyootnni isaa uffannaafi kophee harkaatti qabatanii gara mana eessumasaa deemuuf qajeelaniiru…"(Fuula 37).

Yaada oliirraa yoomessi nuti agarruu yoomessa guyyaan ibsamee fi guyyaa keessaa immoo waaree boodaan kan ibsaamedha. Yaada kannarra kan hubatamuu guyyaa inni itti aanu  sanbataa guddaa waan ta'eef karaa deemuf guyya hin mijannee ta'uutu mul'ata. Yoomessi yeroon asoosama kanaa keesatti mul'atu kan biroon guyyoota maqaa dhahuun qofa osoo hin taanee aduun dhihuun wal qabatee taatee uumamaa ilma namaa kan ta'e hirribaan wal qabatee yoomessa yeroon ibseera. Kanas kitaabichaa keessa yoo fudhannu:

A. *Halkaan keessa sa'aatti 8:00 ta'eera. Qaamni bututaan gammoojjii keessa deemaa oole muka jallatu mana isaa itti fakkaannaan of gadhiisee rafaa jira. Bineensi maqaan isaa hin beekamne malkaa qaxxaamuree dhufee afaan itti bane. Iyya qaanqessee yoo utaalee ka'u, cireesaa irra ciisaa jira...(Fuula 28).*

Yaada olii kana irraa kan hubannu yoomessi yeroon wal qabatee haala adda addaan mullata. Kunis Didhaafi hiriyoonni isaa walqabatanii deemsa dheeraa deeman. Deemsa dheeraa deeman kanaanis guyyaan darbee halkan itti ta'uutu mullate. Halkan ta'uu isaa waanti agarsiisu hirribaan fudhatamuu isaadha. Sababni isaas namni kan rafu irra caalaa halkan waanta'eefi dabalees haala hirribaan walqabate kanaan ibsuu qofa osoo hin taane, halkan maqaa dhahuu halkan keessaa sa'atii sddeet ta'eera jedhees halkan ta'uu isaa bifa shakkii hin qabneen ibseera. Kana malees

yoomessi kun yoomessa halkanii ta'uu kan ibse keessaa barreessaan namfakkii qooda fudhachiise kana abjuu abjoochisuun yeroon isaa halkan ta'uu isaa mulliseera. Kitaaba asoosamichaa keessaa ammas yaada walfakkaatu haa ilaallu:

*B. ....."Akka hin liqimfamneef lubbuudhaaf utuu wirriiqqatuu harka isaan bishaan reebuu cinaacha Moyiiboon keessa rukutee galaana hirribaa keessaa dammakse. Moyiibooniinis yeroo hirriba keessaa ka'u "maaltaate, maaltaate nagaa mitimoo Firoomsa?" jedhee yeroo gaafatu Firoomsaanis sagalee Moyiiboon dhaga'ee hirriba keessaa 'bir' jedhee ka'e. Miilli guyyaa jooraa ooleefi yaanni guyyaa boo'aa oole halkan galaana abjuu daakaa bula" (Fuula 131).*

Yaada olii kanarraa kan hubannu hirribni kan rafamu irra caalaa halkani kanaanis walqabatee namfakkiin Moyiiboonfi hiriyaan isaa guyyaa deemaa oolanii halkan rafuu eegalan. Rafanii boodas halkan abjuun hirribarraa nahanii dammaqanii wal dammaqsan. Abjuu kanaan walqabatee yeroon kun halkan ta'uu hubanna.

Kana malees kitaabicha keessaa:

B. *...Obsinaafi Margaan dargaggota lama waamanii mari'achiisan. Suuraa Boonaa kan waggoota lama fuula dura harkaa fuudhee fidee Dabalaafi Gonfaatti agarsiise. Suuraan isaa sababeeffamee bu'aa mataa isaaniif isa harkaa fuudhamellee har'ammoo ittiin eenyummaasaa beekuuf barbaadamee akka qabamu, qabamee akka ajjeefamuuf raayyaa waraanaa diinasaatii kan, ta'an Dabalaafi Gonfaanis taarifa konkolaataa kan dhaqaafi galaa, bakka ciisicha isaanii fudhatanii gara magaalaa Jimmaatti qajeelan. Boonaan barnootasaa waggaa tokkoffaa haala gaariin xumuree boqonnaadhaaf gara maatii isaatti galeera. Baadiyyaa bakka dhaloota isaatii abbaa isaafi harmeesaa bira erga tutturee, eessuma isaa dubbisuuf gara magaalaa Dambidoollootii deebi'aa jira. Dachaasaa fi Gonfaan gara galgalaa buufata konkolaataa*

*magaalichaa keessa bakka itti ergaman ga'uuf ganamaan sakatta'iinsa eegalan. Fuula isaanii gara bahaatti qajeelfatanii utuma deemanii ganda jedhamu ga'aniiru. Gaaffii waa'ee Boonaatiif isaaniif dhiyaatu deebisuuf sirriitti odeeffannoo gahaa qabu(Fuula 99).*

Yaada olii kanarraa kan hubbannuu: suuraa Boonaa waggoota lamaan duura harkaa fuudhee Dabalaafi Gonfaatti agarsiise. Dabalaafi Gonfaan gara galgalaa buufata konkolataa magaala Dambidoolloo gahaan kan jedhu yoomessa yeroo ta'uu isaatu hubatama. Akkasumas magaalicha keessa bakka itti ergamaan gahuuf ganamaan sakata'insaa eegalan kan jedhuu yoomessa yerooti. Sa'aatiin Dabalaafi Gonfaan buufata konkolaataa magaalaa Dambidoolloo ga'an galgala keessaa ta'uu isaati. Kana kan nutti agarsiisu akkuma achi ga'aniin utuu eessayyuu hin dhaqin siree qabatanii buluu isaaniiti.

4.1.3. Yoomessa Haala Jireenya Hawwaasaa

Yoomessi asoosama kana keessatti haala jireenya hawwaasaatiin nimullata. Kan namfakkiilee asoosama tokko keessatti qooda fudhatan gahee akkamii qabu nigammadumoo nigaddu? Kan jedhu yoomessa haala hawwaasaatiin kan ibsamaniidha. Asoosama “Safuu” jedhu keessatti yoomessi haala jireenya hawaasaan kan mullate namfakkii askeessatti hirmaatan gariin miira gaddaa gariin miira gammachuun kan argamaniidha. Haala jireenya namfakkii asosama kanaa keessatti hedduun kan gaddaniifi jireenyi kan itti hin tolle gammachuun namfakkii kanneen irraa jechaanis ta'e gochaan kanin mullanneedha. Namfakkiin asoosama kanaa hedduun jireenya gaddaa kan jiraataniidha.

Yoomessi haala jireenya hawaasaa kan biroon Dokteer Firoomsaan bakka hojii isaaniitii dhufanii gadda isaanii ibsatanii deebi'an. Yaada kana kitaabicha keessaa yoo fudhannu:

*A ....Yeroo kana kunoo Dokteer Dagaagaan bakka hojii isaatii dhufee hirmii tufee deebi'ee gale. Hiriyoonni Mooyiboon mana abbaa isaa iyyaafatanii dhufanii boo'anii maraatanii maatii isaafi ollaa isaanii boossisan. Haata'u malee reeffasaallee harka isaaniitiin hin awwaallanne. Yoo nyaatanis isaanitti hin minyaa'u, yoo rafnis hirribni isaan hin qabu.*

*Utuu uffatanii dirribni isaanii isaanitti ho'uu dide. Utuu hojiin harkatti babbada(Fuula 148).*

Yaanni kun kan ibsu Dokteer Firoomsaan du'uu Mooyibooniitti gadduu irraa kan ka'e gara maatii Mooyibon deemee gadda ibsachuu isaati. Kana malees hiriyoonni Mooyiboonis gara maatii Mooyibon deemuun gadda isaanii ibsachuudhaaf boo'anii maatii isaas dabalanii boossisuun isaanii haala jireenya gaddaa keessa jiraachuu agarsiisa. Akkasumas;

*B. Gaaddiseen ilma tokkicha naaf godhattee Hospitaalatti dhukkubbarra kan ka'ee garaashee baqaf-fattee utuun dhala hawwuu dhala dabaalee hingodhaattin hafee kanuumaayyuu tokkicha ilmakoo utuun kunuunsuu, hiriyaan gaariidhaas gadheedhaas, tuttuqannii mana barnootarraa adda kuchiisiisani fudhatanii deemanii kunoo nuti erga waa'eesaa dhiifnee tuttuurrerra amma ammoo namni fakkaatti hindhabuu,...........jedhaanii utuu hin hasaa'iin addaan kutaan(Fuula 151).*

Yaada olii kanaarra kan hubbanuu: Haati Boonaa, Boonaa malee dhala biroo utuu hin argaattin hafan. Dhala malee kan haftee ta'uutu mul'ata kanaanis ilma hedduu jaallatan dhabuun gadda irra buute. Kanaarra kan hubbatamuu haalli jireenya maatii Boonaa gadda ta'uutu beekama.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOO FI YABOO

## *5.1. Cuunfaa*

Boqonnaa kana jalatti kaayyoowwan qabiyyee boqonnaa afraffaa jalatti cuunfaanii kan dhiyaataniidha. Kanaaf qorattuun qorannoo kana yoomessa asoosama Safuu keessatti argamuu qacceessiteetti. Asoosamni kun gochoota asoosamicha kanneen akka: bakka, yeroo akkasumas haala hawaasa inni keessatti raawwateefi faayidaa yoomessi asoosamicha keessatti qabu gadii fageenyaan qacceessuun ibseen jira. Kana galmaan gahuuf mala qorannoo akkamtatti dhimma baheera. Bakkiifi yeroon seenaa asoosamicha keessatti raawwatame yoomessa asoosamicha keessatti waan hin hammatamneef barreessaan kitaaba kanaa yeroo maxxansaa lammaffa duubistootaaf dhiyeessuu utuu kana keessatti hirmaachisee kitaabni kun midhagina qabachuufi dubiistoota haawachuu danda'a.

### *5.2 Argannoo*

Haalumaa qacceessa geggeeffameettin taateewwan seenaa asoosamicha bakkeewwan akkam akkamii keessatti akka rawwatamaniifi yeroon itti rawwataman bira gahaamanii jiru. akkasumaas seenaa asoosamicha haala jiruuf jireenya hawaasa akkamii keessatti rawwatamanii fi faayidaa yoomessi asoosamichaaf qabu adda baafameera.

### *5.3 Yaboo*

Akka yaada qorattuu qorannoo keessatti:

- ❖ Barreessan asoosama tokko yeroo barreessuu akkataa yoomeessi itti mul'atuu hundaa utuu hin hambisiin utuu faayadaamee caalmaatti gaarii ta'a.

- ❖ Asoosama yeroo baarreessuu baarreessan yoomessa gochoonni keessatti raawwatamaan yoomeessa taatoonni keessa jiraatan utuu addaa baasee haala salphaan duubbistoonni duubbisaani hubatanitti utuu qopha'eera ta'ee irraa caalaatti miidhagiinaaf fudhatamummaa asoosamichaaf gahee gudda qabachuu danda'a.

## Wabiilee


Asffaa Tafarraa.(2009).*Eelaa.Seenaa ogbarruu Oromoo* Finfinnee:Far-east trading pLC.

Beekan Gulummaa.(2011).*Yandoo Ogummaa fi Ogwalaloo*:Finfinnee Oromiyaa.

Fedhasaa Taaddasaa.(2013). *Suubii.Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo*.Finfinnee:Subi Printing Press.

Geetachoo Rabbiirra.(2005).*Seerluga Afaan Oromoo*. Finfinnee:Corraz Iternatiinal Publishing.

Kumaa Hordofaa.(2014). Safuu.Finfinnee. ELLENI P.P.PLC.

Wasanee Bashaa.(200).*Bu'uuraalee Qorannoo*: Addis Abeba. Boolee.

Kalges, M .(2006). Literary Theory. A Guide For The Perplexed : Grait Britain (Romuwell Ltd.

Kercheval. J ( 1997). Building Fiction How To Develop Prot And Structure USA. The University 7 Visconsin Press.

Kirisher And Mandell. ( 1994) .Fiction Reading, Reacfing Writing.USA: Horcourt Brace &Compane.

Klarer, M. (1999). An Introduction to Literary Studies. Loondon: Routeledge.

M.Ellis ,J .( 1974). The Teory Of Literary Criticism ; Alogical Analysis USA. University Of California Press Ltd .

Milhom, H. (2006) .Writing Henres Fiction A Guide To The Craft. USA: Bocaraton Florida.

Novakovich, J. ( 1994). Fiction Writers Workshop. USA:Vigest Books.

Pugh, T And Margaret ,E. (2014) .Literary Studies A Practifcal Guide USA And Canada: Swalle And Willis LTD.

**Waraqaa Mirkaneeffannoo**

Ani qorattuun maqaafi mallattoonkoo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojii koo ta'uu isaa ibsa. Hojiin kun kanaan dura yuunivarsitii kamiyyuu keessatti kan hin dhiyaanne, ta'uu isaafi yaadawwan qorannoo kana dubbise hunda isaanii wabii keessatti kaasuu koo mallattoo kootiin mirkaneessa.

**Maqaa Qorattuu**:-________________________________

Mallattoo__________

Guyyaa ___________

**Maqaa Gorsaa**:- _________________________________

Mallattoo _________

Guyyaa __________